STAY SAFE MN

Talaalliiwwan COVID-19 fi Ulfummaa

Talaalliin COVID-19 dubartoota ulfaaf akka kennamu ni gorfama

- Dubartootni ulfaa kanneen ulfa hinta'iniin waliin yoo madaalaman dhibee hamaa COVID-19f saaxilamummaan isaanii ol‘aanaa dha.
- Waa’ee nagenyummaa kan talaallii COVID-19 yeroo ulfummaa fi dubartoota ulfa ta’aan irratti talaallichi hammam sirriitti akka hojjetu irratti ragaaleen jiran guddachaa jiru.
- Bu'aawwan ulfummaan talaalliidhaan miidhaan irratti hin ga’u. Kun bu'aawwan daa'ima irratti dhiibbaa geessisan dabalata. Faayidaaleen talaallii COVID-19 fudhachuun balaawwan talaallii yeroo ulfummaa beekamoo ykn dhufuu danda'an kamuu akka caalu ragaan ni deeggara.
- Yoo ulfa taatan, dhibee hamaa COVID-19 irraa akka isin eeguu gargaaruuf talaallii fudhadhaa.
- Gaaffiiwwan yoo qabaattan, dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessanii waliin dubbadhaa.

Namoonni gaaf tokko dhala godhachuu barbaadan talaallii COVID-19 fudhachuu ni danda'u.

- Yoo amma ulfa ta'uuf yaalaa jiraattan ykn gara fuulduraatti ulfa ta'uu barbaaddan, talaallii COVID-19 akka fudhattaniif gorffamtu.
- Rakkooleen dhala dhabuun dhiibbaa maddee kan talaallii COVID-19 isa kamiiyyuu ta'uu isaaniitiif ragaan hin jiru.

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Dhangii addaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

10/15/2021